**Dambii Lakk. 177 /2008**

**Dambii Kenniinsa Hayyamaa fi Bulchiinsa Abukaatotaa fi Barreessitoota Dhimma Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe**

Hojimaata kenniinsa hayyamaa fi bulchiinsa Abukaatotaa akkasumas barreessitoota dhimma seeraa iftoomina qabuu fi itti gaafatamummaa hordofsiisuu danda'u diriirsuudhaan tajaajila haqa qabeessaa fi saffisaa ta'e kennuun barbaachisaa ta'e waan argameef;

Ulaagaa tajaajilamaa irraa barbaadamuu fi gahee tajaajila kennaa irraa eegamu ifatti tarreessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lakk.182/2005 Keewwata 78 (1) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin kun **"Dambii Kenniinsa Hayyamaa fi Bulchiinsa Abukaatotaa fi Barreessitoota Dhimma Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 177/2008"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Dambii kana keessatti:

   1) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Haqaa Oromiyaati.
   2) **"Waajjira"** jechuun Waajjira Haqaa Godinaa, Aanaa fi Magaalaati.
   3) **"Inistitiiyuutii"** jechuun Inistitiiyuutii Leenjii Ogeesssota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaati.
   4) **"Labsii"** jechuun Labsii Kenniinsa Hayyamaa fi Bulchiinsa Abukaatotaa fi Barreessitoota Dhimma Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 182/2005 fi kan Labsii kana fooyyessuuf bahe labsii lakk.189/2007 jechuu dha.
   5) **"Iyyannoo Seeraa"** jechuun iyyannoo himannaa, deebii, ol'iyyannoo, kakuu fi sanada waliigaltee adda addaa jechuu dha.
   6) **"Teessoo Hojii Idilee"** jechuun waajjira abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa yookiin barreessaan dhimma seeraa maamiltoota isaa itti simatuu fi hojii isaa idileen itti hojjatu jechuu dha.

3. **Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. **Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun abukaatotaa fi dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa Biiroo irraa hayyama fudhatanii fi Barreessitoota Dhimma Seeraa yookiin Waldaa Barreessitoota Dhimma Seeraa Waajjira Haqaa Godinaa irraa hayyama fudhatan irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama

## Muuxannoo Hojii, Qormaataa fi Hayyama Abukaatummaa Addaa

5. **Ragaa Muuxannoo Hojii**

Namni hayyama abukaatummaa argachuu barbaadu kamiyyuu muuxannoo hojii armaan gadii qabaachuu qaba:

1) Abbaa seerummaatiin, gargaaraa Abbaa Seeraatiin, Abbaa Alangummaatiin, Barsiisaa Seeraatiin, Qo'ataa Seeraatiin, Abukaatoo Ittisaa yookiin Abukaatoo Dhuunfaatiin, Gorsaa Seeraatiin, Eksipartii Seeraatiin yookiin Dubbii Fixaa ta'uun mana hojii mootummaa yookiin dhaabbilee biroo qaama seerummaa qaban keessatti mindeeffamee hojjachuun muuxannoo argame qabaachuu;.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti ragaan muuxannoo hojii dhiyaatu iyyataan galii gibira hojii kaffaluu isaa kan agarsiisu ta'uu qaba.

6. **Iyyannoo Kufaa Taasisuu**

Biiroon akkaataa Labsii lakk. 182/2005 keewwata 7 (3) tiin iyyata hayyama ogummaa abukaatummaa kufaa yoo taasise, sababa iyyatichi kufaa ta'eef guyyaa hojii shan keessatti barreeffamaan iyyataadhaaf beeksisuu qaba.

7. **Koree Qormaataa Hundeessuu**

1) Biiroon koree qormaata qopheessuu fi sororsu ni hundeessa.
2) Koreen hundeeffamu Abbootii Alangaa Biiroo keessa jiran irraa kan walitti ba'an ta'uu qaba.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, Biiroon Inistitiiyuutiin qormaata ogummaa abukaatummaa akka qopheessee kennuu fi sororsee bu'aa isaa beeksisu aangessuu ni danda'a.
4) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3tiin Inistitiiyuutichi qormaata yoo kennu, koree qormaata qopheessuu fi sororsu ogeessota seeraa isaa keessaa ni hundeessa.

**8. Qormaata Kennuu fi Bu’aa Isaa Beeksisuu**

1) Biiroon yookiin Inistitiiyuutiin guyyaa fi bakka qormaatni itti kennamu guyyaa kudha shaniin dura maqaa iyyattoota galmaa’anii qormaata fudhachuuf calalaman gabatee beeksisaa Biiroo yookiin Inistitiiyuutichaa irratti maxxansuu qaba.
2) Qormaatni hayyama ogummaa abukaatummaa guyyaa kenname irraa eegalee guyyaa shan keessatti sororfamee maxxanfamuu qaba; Bu’aan isaa yoo xiqqaate guyyaa hojii torbaaf gabatee beeksisaa Biiroo yookiin Inistitiiyuutichaa irratti maxxanfamee turuu qaba.
3) Ogeessonni seeraa Labsichaan qormaata fudhachuuf hin dirqamne hojii Abbaa Seerummaa, Abbaa Alangummaa fi Barsiisummaa Seeraa gadi lakkisanii waggaa lama yoo turan, hayyama abukaatummaa argachuuf qormaata fudhatanii darbuu qabu.
4) Qormaatni hayyama ogummaa abukaatummaa kurmaana kurmaanaan kan kennamu ta’ee, iyyattoonni hanga dhuma ji’a kurmaanichaa guyyaa kudha shaniitti galmaa’uu ni danda’u.
5) Akkaataa Labsii lakk.189/2007 keewwata 2 (5) tiin namni qormaata fudhatee hin dabarre bara baajataa qormaata fudhate sana keessatti yeroo tokko qofaaf irra deebiin qoramuu ni danda’a.
6) Keewwata kana keewwata xiqqaa 5 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta’ee, namni bara baajataa tokko keessatti qormaata qoramee hin dabarre turtii waggaa tokkoo booda irra deebiin qoramuu ni danda’a.

**9. Qabiyyee Qormaataa**

1) Qormaatni hayyama ogummaa Abukaatummaa dandeettii afaan hojii naannichaa, beekumsa seeraa fi naamusa ogummaan abukaatummaa barbaadu kan of keessatti hammate ta’uu qaba.
2) Qormaatni hayyama ogummaa abukaatummaa gaaffii afaanii fi barreeffamaan ta’uu qaba.

**10. Qabxii Darbiinsaa**

Qabxiin qormaataa dhibba keessaa ta’ee, namni 50% fi isaa ol fide qormaata kan darbu ta’a.

**11. Firii Qormaataa Irratti Komii Dhiyaatu**

1) Namni firii qormaatichaa irratti komii qabu komii isaa guyyaa firiin qormaatichaa gabatee beeksisaa Biiroo yookiin Inistitiiyuutii irratti maxxanfame irraa eegalee guyyaa hojii kudhan keessatti barreeffamaan koree qormaataatiif dhiyeeffachuu ni danda’a. Koreenis guyyaa iyyannoon isa qaqqabe irraa eegalee guyyaa hojii shan keessatti murtii kennuu qaba.

2) Namni akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin murtii kenname irratti komii qabu komii isaa guyyaa murtichi kenname irraa eegalee guyyaa hojii torba keessatti Itti Aanaa Hoogganaa Biirootiif, yookiin bu'uura Dambii kanaa keewwata 7(3)tiin Institiiyuutichi qormaata kan kenne yoo ta'e Daarektara Ol'aanaa Institiiyuutichaatiif bareeffamaan dhiyeeffachuu ni danda'a.

3) Itti Aanaan Hoogganaan Biiroo yookiin Daarektarri Ol'aanaa Institiiyuutichaa ol'iyyannoo akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2tiin dhiyaateef guyyaa iyyanni isa qaqqabe irraa eegalee guyyaa hojii shan keessatti murtii isaa iyyataa barreeffamaan beeksisuu qaba.

4) Namni murtii Itti Aanaa Hoogganaa Biirootiin yookiin Daarektara Ol'aanaa Institiiyuutichaatiin kenname irratti komii qabu komii isaa guyyaa murtichi isa qaqqabee kaasee guyyaa hojii kudhan keessatti barreeffamaan Hoogganaa Biirootiif dhiyeeffachuu ni danda'a. Murtiin Hoogganaa Biirootiin kennamu isa dhumaa ta'a.

**12. Hayyama Abukaatummaa Addaa Nama Dhuunfaaf Kennamu**

1) Namni dhuunfaa akkaataa Labsii lakk. 189/2007 keewwata 2(4) tiin hayyama abukaatummaa addaa fudhatu dhimmoota eegumsa naannoo, fayyaa ummataa miidhan, mirga daa'immanii fi dubartootaa, qaama miidhamtootaa fi namoota harka qalleeyyii ta'aniif kaffaltii tokko malee tajaajila ogummaa abukaatummaa kennuu qaba.

2) Namni dhuunfaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin hayyama abukaatummaa addaa fudhachuu barbaadu kamiyyuu ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba.

   a) Afaan hojii Naannichaatiin hojjachuu kan danda'u;
   b) Heeraa fi seera biyyattii fi Naannichaa kan kabajuu fi kabachiisu;
   c) Adeemsa sirna haqaatiif naamusa gaarii kan qabu;
   d) Tajaajila ogummaa abukaatummaa kennuuf seeraan yookiin murtiidhaan kan hin dhorkamne;
   e) Naamusa dhabummaa wajjin wal-qabatee yakka raawwaateen himatamee waggoottan afran darban keessatti kan hin adabamnee; fi
   f) Balleessaa naamusaa cimaadhaan himatamee waggoottan lamaan darban keessatti kan hin adabamin yoo ta'e.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, namni dhuunfaa hayyama abukaatummaa addaa argachuuf ulaagaawwan armaan gadii dabalataan guutamuu qabu:

a) Dhaabbata barnoota seeraan beekamtii qabu irraa barumsa seeraatiin digirii sadaffaan eebbifamee, seerota bu'uuraa Itiyoophiyaa kan baratee fi ogummaa seeraatiin tajaajila waggaa 2 fi isaa ol kan qabu;
b) Dhaabbata barnoota seeraan beekamtii qabu irraa barumsa seeraatiin digirii lammaffaan eebbifamee, seerota bu'uuraa Itiyoophiyaa kan baratee fi ogummaa seeraatiin tajaajila waggaa 4 fi isaa ol kan qabu;
c) Dhaabbata barnoota seeraan beekamtii qabu irraa barumsa seeraatiin digirii jalqabaan eebbifamee, seerota bu'uuraa Itiyoophiyaa kan baratee fi ogummaa seeraatiin tajaajila waggaa 6 fi isaa ol kan qabu; yookiin
d) Dhaabbata barnoota seeraan beekamtii qabu irraa barumsa seeraatiin dippiloomaan yookiin sadarkaa walgituun eebbifamee seerota bu'uuraa Itiyoophiyaa kan baratee fi ogummaaa seeraatiin tajaajila waggaa 8 fi isaa ol kan qabu yoo ta'edha.

## 13. Sirna Too'annoo fi Hordoffii Nama Dhuunfaa Hayyama Abukaatummaa Addaa Fudhatee

1) Namni dhuunfaa hayyama abukaatummaa addaa fudhate haala raawwii hojii isaa waggaa waggaadhaan Biiroodhaaf gabaasa dhiyeessuu qaba.
2) Gabaasni akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin dhiyaatu baay'inaa fi gosoota dhimma abukaatichaan ilaalaman, sadarkaa dhimmoonni ilaalaman irratti argamanii fi kan kana fakkaatan kan of keessatti qabate ta'uu qaba.
3) Biiroon akkaataa barbaachisummaa isaatti ofiisaatii yookiin karaa caasaa isaatiin raawwii hojii nama hayyama abukaatummaa addaa fudhatee irratti too'annoo fi hordoffii taasisuu ni danda'a.

## 14. Itti Gaafatamummaa Nama Dhuunfaa Hayyama Abukaatummaa Addaa Fudhatee

Akkaataa Dambii kana keewwata 12 tiin namni dhuunfaa hayyama abukaatummaa addaa fudhate balleessaa naamusaa Labsii lakk.182/2005 keewwata 36 fi 37 jalatti tumaman yoo raawwate, akkaataa Labsichaatiin kan ittigaafatamu ta'a.

## 15. Hayyama Abukaatummaa Addaa Dhaabbataaf Kennamu

1) Hayyamni abukaatummaa addaa akkaataa Labsii lakk. 189/2007 keewwata 2 (4)tiin dhaabbataaf kennamu Yuniversiitii faakaaltii seeraa qabu yookiin dhaabbilee miti mootummaa biyya keessaatiif kennamuu ni danda'a.
2) Dhaabbatni akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin hayyama abukaatummaa addaa fudhatu dhimmoota eegumsa naannoo, fayyaa ummataa miidhan, mirga daa'immanii fi dubartootaa, qaama miidhamtootaa fi namoota harka qalleeyyii ta'aniif kaffaltii tokko malee tajaajila ogummaa abukaatummaa kennuu qaba.

3) Dhaabbatni hayyama abukaatummaa addaa fudhate ogeessota isa jalatti hojjatan ulaagaa Dambii kana keewwata 12 jalatti tumame guutuu isaanii mirkaneeffatee bakka buusuu fi too'achuu qaba.
4) Dhaabbatni hayyama abukaatummaa addaa fudhate ogeessa ulaagaa guuteef bakka bu'ummaa yoo kennu Waajjira Haqaatti dhiyaatee galmeessisuu qaba.
5) Dhaabbatni hayyama abukaatummaa addaa fudhate ogeessa isaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4tiin yoo bakka buusu ragaa barumsa ogeessichaa wal qabsiisuu qaba.

**16. Sirna To'annoo fi Hordoffii Dhaabbata Hayyama Abukaatummaa Addaa Fudhatee**

1) Dhaabbatni hayyama abukaatummaa addaa kennameef haala raawwii hojii isaa waggaa waggaadhaan Biiroodhaaf gabaasuu qaba.
2) Biiroon akkaataa barbaachisummaa isaatti ofiisaatii yookiin karaa caasaa isaatiin raawwii hojii abukaatummaa addaa dhaabbataaf kennamu irratti hordoffii taasisuu ni danda'a.

**17. Itti Gaafatamummaa Dhaabbata Hayyama Abukaatummaa Addaa Fudhatee**

Akkaataa Dambii kana keewwata 15 keewwata xiqqaa 3 tiin ogeessonni bakka bu'anii hojjatan balleessaa naamusaa Labsii lakk.182/2005 keewwata 36 fi 37 jalatti tumaman yoo raawwatan dhaabbatni bakka buuse miidhaa maamila irra dhaqqabuuf akkaataa Seera Hariiroo Hawaasaatiin ittigaafatama.

## Kutaa Sadii
## Gosa Tajaajilaa fi Kaffaltii Isaa

**18. Gosoota Tajaajilaa**

Gosootni tajaajilaa Biiroon abukaatotaa fi dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaatiif kennu kanneen armaan gadii ta'u:

1) Hayyama kennuu;
2) Hayyama haaromsuu;
3) Ragaa haqamuu hayyamaa ibsu kennuu;
4) Hayyama bade yookiin tajaajilaan ala ta'e bakka buusuu;
5) Sadarkaa hayyamaa fooyyessuu;
6) Hayyama deebi'e yookiin dhorkame olkaa'uu;
7) Qormaata hayyamaa kennuu;
8) Dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa galmeessuu;
9) Fooyya'iinsa barreeffama hundeeffama dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa mirkaneessuun galmeessuudha.

**19. Hayyama Fudhachuuf Kaffaltii Kaffalamu**

Abukaatoon kamiyyuu:

1) Hayyama sadarkaa 1ffaa fudhachuuf qarshii 1,000.00 (kuma tokko);
2) Hayyama sadarkaa 2ffaa fudhachuuf qarshii 500.00 (dhibba shan);
3) Dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa hayyama fudhachuuf qarshii 2,000.00 (kuma lama) kaffaluu qaba.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 jalatti kan tumame jiraatuuyyuu, hayyamni abukaatummaa addaa kaffaltii malee bilisaan kan kennamu ta'a.

**20. Hayyama Haaromsuuf Kaffaltii Kaffalamu**

Abukaatoon kamiyyuu:

1) Hayyama sadarkaa 1ffaa haaromsiifachuuf qarshii 500.00 (dhibba shan);
2) Hayyama sadarkaa 2ffaa haaromsiifachuuf qarshii 300.00 (dhibba sadi);
3) Dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa hayyama haaromsiisuuf qarshii 1,000.00 (kuma tokko) kaffaluu qaba.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 jalatti kan tumame jiraatuuyyuu, hayyamni abukaatummaa addaa kaffaltii malee bilisaan kan haaromsiifamu ta'a.

**21. Sadarkaa Hayyama Abukaatummaa Fooyyessuuf Kaffaltii Kaffalamu**

Abukaatoon kamiyyuu sadarkaa hayyama isaa fooyyeffachuuf qarshii 800.00 (dhibba saddeet) kaffaluu qaba.

**22. Hayyama Deebi'e Yookiin Dhorkamee Ture Fudhachuuf Kaffaltii Kaffalamu**

1) Abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa hayyama akkaataa Labsii lakk.182/2005 keewwata 34 keewwata xiqqaa 1tiin yeroo murtaa'eef deebise, kaffaltii tajaajilaa qarshii 200.00 (dhibba lama) kaffalee fudhachuu ni danda'a.
2) Abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa hayyamni isaa murtii Gumiitiin dhorkamee ture kaffaltii tajaajilaa qarshii 300.00 (dhibba sadi) kaffalee deebisee fudhachuu ni danda'a.

**23. Ragaa Haqamuu Hayyama Dhaabbata Tajaajila Ogummaa Abukaatummaa Argachuuf Kaffaltii Kaffalamu**

Kaffaltiin ragaa haqamuu hayyama dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa fudhachuuf kaffalamu qarshii 500.00 (dhibba shan) ta'a.

**24. Qormaata Fudhachuuf Kaffaltii Kaffalamu**

Namni qormaata fudhachuuf galmaa'u qarshii 200.00 (dhibba lama) kaffaluu qaba.

**25. Dhaabbata Tajaajila Ogummaa Abukaatummaa Galmeessisuuf Kaffaltii Kaffalamu**

1) Dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa mirkaneessisuun galmeessisuuf qarshii 250.00 (dhibba lamaa fi shantama) kaffalamuu qaba.
2) Dhaabbata akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin galmeeffameef waraqaan ragaa ni kennamaaf.

**26. Fooyya'iinsa Barreeffama Hundeeffama Dhaabbata Tajaajila Ogummaa Abukaatummaa Mirkaneessisuu fi Galmeessisuu**

1) Akkaataa Labsii lakk.182/2005 keewwata 22 tiin barreeffamni hundeeffama dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa kennu fooyya'e guyyaa fooyya'iinsi taasifame irraa eegalee guyyaa hojii kudha shan keessatti Biirootti dhiyaatee kan hin mirkanoofne yoo ta'e fudhatama hin qabaatu.
2) Fooyya'iinsa barreeffama hundeeffama dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa mirkaneessisuu fi galmeessisuuf qarshiin 300.00 (dhibba sadi) kaffalamuu qaba.

**27. Hayyama Yeroon Haaromsuu Dhabuun Bu'aa Hordofsiisu**

1) Akkaataa Labsii lakk.182/2005 keewwata 33 keewwata xiqqaa 2 jalatti tumameen abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa hayyama isaa yeroo tumame keessatti kan hin haaromsiifanne yoo ta'e, ji'a Hagayyaa keessa adabbii qarshii 200.00 (dhibba lama); ji'a Fulbaanaa keessa qarshii 400.00 (dhibba afur) kaffaluun hayyama isaa haaromsiiffachuu ni danda'a.
2) Bu'uura Labsii lakk. 182/2005 keewwata 33 keewwata xiqqaa 3tiin abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila abukaatummaa sababa gahaa dhiyeeffate Biiroon yoo hayyameef adabbii qarshii 400.00 (dhibba afur) bara baajataa sana keessatti ji'a ji'aan hanga Muddee 30tti kaffalee hayyama isaa haaromsiifachuu ni danda'a.
3) Abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa bara baajataa sana keessatti hanga Muddee 30 tti hayyama isaa osoo hin haaromsiifatin hafe haala kamiinuu hayyama isaa haaromsiifachuu hin danda'u.
4) Abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 3tiin hayyama isaa haaromsiifachuu hin dandeenye hayyamni isaa akka haqameetti fudhatama.

**28. Qabiyyee Ragaa Hayyama Haqamee**

Ragaan haqamuu dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa ibsu kennamu dhimmoota armaan gaditti tarreeffaman qabachuu qaba.

1) Maqaa dhaabbatichaa;
2) Teessoo dhaabbatichaa;
3) Sababa itti haqame;
4) Guyyaa hayyamichi itti haqamee; fi
5) Maqaa fi mallattoo raawwataa ragicha qopheesse.

**29. Tajaajila Ogummaa Abukaatummaatiif Kaffaltii Kaffalamu**

1) Abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa tajaajila kenneef kaffaltiin kaffalchiisu hamma qarshii yookiin tilmaama qabeenyichaa falmiin irratti ka'e maallaqaan shallagame keessaa haala kamiinuu dhibbeentaa kudha shanii (15 %) ol ta'uu hin qabu.
2) Dhimmichi dhimma yakkaa yookiin dhimma haariiroo hawaasaa maallaqaan shallagamuu hin dandeenye yoo ta'e, tajaajila ogummaa abukaatummaa kennameef kaffaltiin kaffalamu haala kamiinuu qarshii 50,000.00 (kuma shantama) caaluu hin danda'u.
3) Kaffaltiin akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 2 tiin kaffalamu haala walxaxinsa dhimmichaa fi dandeettii kaffaluu maamilaa ilaalcha keessa galchuu qaba.
4) Abukaatoon tajaajila ogummaa seeraa kennuuf maamila isaa waliin barreeffamaan waliigaltee raawwachuuf dirqama qaba.
5) Waliigalteen akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 tiin taasifamu Biiroo Haqaa yookiin caasaalee isaatti dhiyaatee galmaa'uu qaba.
6) Haalli kaffaltii galmeessa waliigaltee tajaajila abukaatummaa bu'uura Labsii Qaraxa Teembiraa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan raawwatamu ta'a.
7) Abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa kamiiyyuu kaffaltii maamila isaa kaffalchiiseef nagahee seera qabeessa ta'e kennuuf dirqama qaba.

## Kutaa Afur
## Leenjii

**30. Yeroo Leenjiin Itti Kennamu**

Dandeettii raawwachiistummaa abukaatotaa cimsuuf Biiroon waggaatti al-tokko leenjii ni kenna.

**31. Qabiyyee Leenjii**

Leenjiin Biiroodhaan abukaatotaaf kennamu dhimmoota armaan gadii irratti xiyyeeffachuu qaba.

1) Heera Mootummaa;
2) Imaammataa fi tarsiimoo;
3) Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa fi yakkaa, qajeelfama adabbii fi seerota biroo; fi
4) Naamusa ogummaa abukaatummaa irratti ta'a.

**32. Abukaatoo Leenjii Fudhateef Ragaa Kennuu**

1) Abukaatoo leenjicha hordofee xumureef Biiroon waraqaa ragaa ni kenna.
2) Ragaan akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin abukaatoo leenjicha hordofee xumureef kennamu dhimmoota armaan gadii hammachuu qaba.
   a. Maqaa guutuu abukaatichaa;
   b. Mata duree leenjiin irratti kennamee; fi
   c. Guyyaa yookiin sa'aatii meeqaaf akka kenname.

## Kutaa Shan

## Hundeeffama, Ittiwaamamaa fi Miseensota Gumii Dhimma Naamusa Abukaatoo Godinaa

**33. Hundeeffamaa fi Ittiwaamama**

1) Gumiin dhimma naamusa abukaatota Godinaa kanaan booda **"Gumii Godinaa"** jedhamee waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti Waamamni Gumii Godinaa Gumii Dhimma Naamusaa Abukaatota Naannootiif ta'a.

**34. Miseensota Gumii**

1) Gumiin Godinaa Miseensota armaan gadii ni qabaata:
   a) Itti Gaafatamaa Waajjira Haqaa Godinaa ------------------------------ Walitti qabaa;
   b) Itti Gafatamaa Waajjira Haqaa Godinaatiin kan ramadaman Abbootii Alangaa Godinaa 2, bakka dubartiin jirtutti 1 dubartii kan taate --------- Miseensa;
   c) Mana Murtii Ol'aanaa Godinaa irraa kan bakka bu'u Abbaa Seeraa 1 ---- Miseensa;
   d) Abukaatota Godinicha keessatti hojjatan keessaa Waldaa Abukaatotaatiin kan bakka bu'e Abukaatoo 1---------------------------------------------- Miseensa;
2) Barri hojii miseensotaa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (b-d) jalatti ibsamanii waggaa 2f ta'a.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta’ee, miseensi kamiyyuu irra deebiin yeroo lamaaf filatamuu ni danda’a.

**35. Aangoo fi Gahee Hojii Gumii Godinaa**

Gumiin Godinaa aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Eeruu yookiin himata balleessaa naamusa salphaa Labsii lakk.182/2005 keewwata 37 jalatti tumaman ilaalee murtii kennuuf aangoo ni qaba.
2) Hojiilee dabalataa Gumii Naannootiin kennamaniif kan biroo ni raawwata.

**36. Sirna Balleessaan Naamusaa Abukaatota Sadarkaa Godinaatti Ittiin Ilaalamu**

1) Gumiin Godinaa eeruu yookiin himata abukaatoo yookiin dhaabbata tajaajila ogummaa abukaatummaa kennu irratti dhiyaate ragaa gahaan deeggaramee kan dhiyaate yoo ta’e, abukaatichi yookiin dhaabbatichi deebii isaa guyyaa hojii kudhan keessatti barreeffamaan qabatee akka dhiyaatu ni taasisa.
2) Gumiin himataa fi ragaan abukaaticha yookiin dhaabbaticha irratti dhiyaate akkasumas deebii fi ragaan abukaatichaan yookiin dhaabbatichaan kenname qoratee:
    a) Himatichi ragaa gahaadhaan yoo deeggaramuu baate himaticha ni haqa.
    b) Himatichi ragaa gahaadhaan kan deeggarame yoo ta’e akkuma ulfaatina balleessaa raawwatameetiin bu’uura Labsii lakk.182/2005 keewwata 38 keewwata xiqqaa 2 tiin murtii ni kenna.
3) Dhimmi dhiyaate aangoo isaa jalatti kan kufu yoo ta’uu baate dhimmicha Gumii Dhimma naamusa Abukaatota Naannootiif dabarsuu qaba.
4) Murtii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 4 (b) tiin kenname irratti abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila abukaatummaa komii qabu guyyaa murtiin kenname irraa kaasee guyyaa soddoma walitti aanu keessatti komii isaa Gumii Naannootiif barreeffamaan dhiyeeffachuu ni danda’a.

**37. Sirna Walgahii**

1) Gumiin Godinaa ji’a ji’aan walgahii idilee kan qabaatu ta’ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda’a.
2) Miseensota Gumii Godinaa keessaa walakkaa ol yoo argaman walgahiin Gumii guutuu ta’a.
3) Murtiin Gumii Godinaa sagalee caalmaan kan darbu ta’ee, sagaleen walqixa yoo ta’e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii Gumichaa ta’a.

**Kutaa Jaha**

**Barreessitoota Dhimma Seeraa**

**38. Akkaataa Barreessitoonni Dhimma Seeraa Gurmaa'anii itti Hojjatan**

1) Namootni ulaagaa Labsii lakk.182/2005 keewwata 60 jalatti tumame guutan Godina itti hojjatan keessatti waldaadhaan gurmaa'anii hayyama Waajjira Haqaa Godinaa irraa fudhatanii hojjachuu ni danda'u.
2) Baay'inni miseensota waldaa barreessitoota dhimma seeraa nama lamaa fi isaa ol ta'uu qaba.
3) Akkaataan bulchiinsa waldaa barreessitoota dhimma seeraa dambii ittiin bulmaata waldichaatiin kan murtaa'u ta'a.
4) Dambiin ittiin bulmaata waldaa barreessitoota dhimma seeraa Waajjira Haqaa Godinaatti dhiyaatee mirkanaa'ee galmaa'uu qaba.

**39. Yeroo Hayyamni Itti Kennamu**

Barreessaan dhimma seeraa hayyama gaafate ulaagalee Labsii lakk.182/2005 keewwata 60 jalatti tumame guutee yoo argame, guyyaa iyyannoo dhiyyeeffate irraa eegalee guyyaa hojii lama keessatti hayyamni kennamuufii qaba.

**40. Gosa Tajaajilaa**

Gosoonni tajaajilaa Waajjira Haqaa Godinaatiin barreessitoota dhimma seeraatiif kennaman kanneen armaan gadii ta'u:

1) Hayyama kennuu;
2) Hayyama haaromsuu;
3) Hayyama bade yookiin hojiin ala ta'e bakka buusuu;
4) Dambii ittiin bulmaata waldaa barreessitoota dhimma seeraa mirkaneessuu fi galmeessuu;
5) Fooyya'iinsa barreeffama dambii ittiin bulmaata waldaa barreessitoota dhimma seeraa mirkaneessuu fi galmeessuu ta'a.

**41. Kaffaltii Tajaajilaa**

1) Barreessaan Dhimma Seeraa Kamiyyuu:
   a) Hayyama argachuuf qarshii 200.00 (dhibba lama);
   b) Hayyama haaromsuuf qarshii 100.00 (dhibba tokko );
   c) Hayyama bade yookiin tajaajilaan ala ta'e bakka buusuuf qarshii 50.00 (shantama) kaffaluu qaba.

2) Waldaan barreessitoota dhimma seeraa kamiyyuu:
    a) Hayyama argachuuf qarshii 300.00 (dhibba sadi);
    b) Hayyama haaromsuuf qarshii 250.00 (dhibba lamaa fi shantama);
    c) Hayyama bade yookiin tajaajilaan ala ta'e bakka buusuuf qarshii 200.00 (dhibba lama);
    d) Barreeffama dambii ittiin bulmaataa mirkaneessuun galmeessuuf qarshii 150.00 (dhibba tokkoo fi shantama);
    e) Fooyya'iinsa barreeffama dambii ittiin bulmaataa waldaa mirkaneessuun galmeessuuf qarshii 100.00 (dhibba tokko) kaffaluu qaba.

**42. Barreessaan Dhimma Seeraa Yookiin Waldaan Barreessaa Dhimma Seeraa Tajaajila Kenneef Kaffaltii Kaffalchiisuu Qabu**

Barreessaan dhimma seeraa yookiin waldaan barreessaa dhimma seeraa kamiyyuu, akkaataa ulfaatinaa fi walxaxiinsa dhimmichaatti, iyyannoo seeraa barreessuuf qarshii 25.00 - 250.00 (digdamii shanii hanga dhibba lamaaf shantama) kaffalchiisuu ni danda'a.

**43. Yeroon Hayyama Haaromsuu Dhabuun Bu'aa Hordofsiisu**

1) Barreessaan dhimma seeraa yookiin waldaan barreessaa dhimma seeraa hayyama isaa hanga Adoolessa 30 tti yoo hin haaromsiifne, ji'a Hagayyaa keessa adabbii qarshii 50.00 (shantama) kaffaluudhaan haaromsiifachuu ni danda'a.
2) Barreessaan dhimma seeraa yookiin waldaan barreessaa dhimma seeraa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1 tiin adabbii tumame kaffalee hayyama isaa hin haaromsiifanne hanga Onkololessa 30tti ji'a ji'aan qarshii 50.00 (shantama) adabbii dabalataa kaffaluun hayyamicha haaromsiifachuu ni danda'a.
3) Bu'uura Labsii Lakk. 182/2005 keewwata 63(3) tiin barreessaan dhimma seeraa yookiin waldaan barreessaa dhimma seeraa sababa gahaa Waajjira Haqaa Godinaatti dhiyeeffatee Waajjirri Haqaa Godinichaa yoo hayyameef, bara baajataa sana keessaatti hanga Muddee 30tti ji'a ji'aan adabbii qarshii 50.00 (shantama) kaffalee hayyama isaa haaromsiifachuu ni danda'a.
4) Barreessaan dhimma seeraa yookiin waldaan barreessaa dhimma seeraa bara baajataa sana hanga Muddee 30tti hayyama isaa osoo hin haaromsiifatin hafe haala kamiinuu haaromsiifachuu hin danda'u.
5) Barreessaan dhimma seeraa yookiin waldaan barreessaa dhimma seeraa akkaataa keewwata kanaatiin hayyama haaromsiifachuu hin dandeenye, hayyamni isaa akka haqametti fudhatama.

**44. Akkaataa balleessaan Naamusaa Barreessitoota Dhimma Seeraa Itti Ilaalamu**

1) Iyyannoon akkaataa Labsii lakk.182/2005 keewwata 67 tiin Waajjira Haqaa Aanaatti dhiyaate guyyaa kudhan walitti aanu keessatti Waajjira Haqaa Godinaatti ergamuu qaba.
2) Iyyannoon dhiyaate ragaa gahaan kan deeggarame yoo ta'e, Gumiin Barreessitoota Dhimma Seeraa Godinaa himata banuudhaan himatamaan deebii barreeffamaan qabatee akka dhiyaatu himata irratti dhiyaate waliin xalayaa waamichaa ni ergaaf.
3) Gumiin Barreessitoota Dhimma Seeraa Godinaa ragaa miidhamaa fi himatamaa madaalee:
    a) Ragaan dhiyaate himatamaa adabsiisuuf gahaa yoo hin taane himata cufuun himatamaa bilisaan ni gaggeessa;
    b) Himatichi ragaa gahaan kan deeggarame yoo ta'e, akkaataa ulfaatina balleessichaatti bu'uura Labsii lakk.182/2005 keewwata 68 keewwata xiqqaa 1 jalatti tumameen murtii ni kenna.

**45. Komii Iyyannoo Barreessaa Dhimma Seeraa Yookiin Miidhamaa**

1) Barreessaan dhimma seeraa yookiin waldaan barreessaa dhimma seeraa yookiin miidhamaan murtii Gumii Godinaa Barreessitoota Dhimma Seeraatiin kenname irratti komii yoo qabaate, guyyaa murtiin kenname irraa eegalee guyyaa soddoma walitti aanu keessatti ol'iyyannoo isaa Hoogganaa Biirootiif dhiyeeffachuu ni danda'a.
2) Hoogganaan Biirichaa iyyata dhiyaate ilaaluun guyyaa 30 keessatti Murtii kennuun ol'iyyataaf barreeffamaan beeksisuu qaba. Murtiin Hoogganaa Biirootiin kennamu isa dhumaa ta'a.

## Kutaa Torba

## Tumaalee Adda Addaa

**46. Kaffaltii Gibiraa**

Kaffaltiin abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa yookiin barreessaan dhimma seeraa tajaajila argateef kaffalu kamiyyuu kaffaltii gibiraa hin dabalatu.

**47. Durgoo Miseensota Gumii**

Miseensota Gumii sadarkaa sadarkaan jiraniif guyyaa walgahii irratti hirmaatan durgoon oolmaa ni kaffalamaaf. Haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**48. Jijjiirama Beeksisuu**

Abukaatoon yookiin dhaabbatni tajaajila ogummaa abukaatummaa hayyamni kennameef jijjiirama yookiin fooyya'iinsa kan akka maqaa, teessoo jireenyaa fi hojii fi kan kana fakkaatan taasise bu'uura Labsii lakk.182/2005 keewwata 31 jalatti tumameen Biiroof beeksisuu qaba.

**49. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Biiroon Dambii kana raawwachiisuuf qajeelfama baasuu ni danda'a.

**50. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kanaan hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**51. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun **Guraandhala 18/ Bara 2008** irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Muktaar Kadiir

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Finfinnee

Guyyaa **Guraandhala 18/ Bara 2008**